# سُورَةُ النَّاسِ
# Suuraa Naas

*Dura,dursoo,suuran,tun{suuratunnaasi } je'amti .

قبل كل شئ هذه هي سورة الناس

*Isiin suuraa madiina'aati .

وهي مدنيــة

*Aayaanni isi'ii jaha {6}.

وآياتها ستـة

*Lakkooysi isi'ii kan dhibbaafii kudha afreysa'aati.

وعددها مائة وأربعة عشر

*Isiin,eega,suuratulfalaqii}buute.

نزلت بعد سورة الفلق

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1}*Wanni jettu; Rabbii nama uumettan maganfadha isaanan maganfadha

قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ ٱلنَّاسِ ﴿١﴾

2}*Gooftaa namaa kan isa malee gooftan ,yookaa mootin biraa hin jirre, kan isaan uumee qabu.

مَلِكِ ٱلنَّاسِ ﴿٢﴾

3}*Rabbii nama uumettan maganfadha , wanni { Rabbii namaa} je`ee nama qofa dubbateef , odoo inni Rabbii waa hundaa tayee jiruu ,nama guddisu`uufi ammallee warri sheyxaanni qalbii isaanii seenee waswaasu nama qofa, duuba akka Rabbiin {waaqa} namaa taye isaan beysisee, akka waswaasa sheyxaanaa jalaa Rabbii isaanitti dheysan, isaan yaadachiisu`uufi.

إِلَٰهِ ٱلنَّاسِ ﴿٣﴾

*Yaa Rabbi sharrii sheyxaanarraan Sitti {waswaas} jechuun; sheyxaana jechu' wanni sheyxaanni waswaasa je'amee yaamameef; isaatu waswaasan deema jecha'aaf

مِن شَرِّ ٱلْوَسْوَاسِ

4}*Sheyxaana{ khannaas} taye{ kha nnaas } jechuun kan if duuba deebi`u jechu`u maalif sheyxaanni qalbii namarra harka yookaa humbii kaayateeti taa`a, duuba yoo mu`minni Rabbii ifii maqaa dhawe irraa dheysa, yoo mu`minni Rabbii isaa irraanfate deebi`eeti qalbii isatti funyaan dhaabee taa`a.

ٱلْخَنَّاسِ ﴿٤﴾

5}*Shayxaanni kun isa qalbii qoma namaa keessa jirtu seenee waswaasa, yoo Rabbi zakkaruu irraanfatan yookaa dagatan, sheyxaanni akka dhiiyni qaama namaa keessa yaa`utti, qaama namaa

ٱلَّذِى يُوَسْوِسُ فِى صُدُورِ ٱلنَّاسِ ﴿٥﴾

keessa yaa`a, namni irraa nagaya bayu hin jiru, warra Rabbii isaanii zakkaru yoo taate malee.

**6**}*Sheyxaanni qalbii namaa wasw aasu sun , sheyxaan jinni'iitifii, sheyxaana namaati ,akka Rabbiin aayata biraa keessatti : {شياطين الإنس والجن} {shayaaxiinal`insi waljinni} je`ee dubbate. Duuba sheyxaana jinni`iitifii sheyxaana namarraan Rabbitti maganfadha ji`i je`ee, Rabbiin nabi Muhammad {nageenyi isarraa haa jiraatuu} ajaje, shayxaanni jinni`ii, matuma isaatin qaama namaa seenee nama waswaasa, ammoo shayxaanni namaa, nama dubbiseeti dubbiin isaa qalbii nama seentee, nama waswaasti, takkaa waa dalageeti dalagaan isaa nama waswaastii, karaa Rabbirraa nama jallifti, yaanni qalbi`ii lama; tokko kan Rabbirraa dhufu, tokko kan shayxaanarraa dhufu, duuba yaanni shari`aa Rabbii gaxxamu hundi Rabbirraayi, ammoo yaanni badaan shari`aa Rabbiitin wal dhabu yaada sheyxaanati , wanni dafanii beekhaniin , hoggaa Rabbi yaadatan, takkaa maqaa isaa dhawan, ni dhabama, wanni balaa sheyxaanaa jalaa bayaniin zikrii Rabbii, ta ganamaa galgalaa, ammas ta waytii adda addaa, tan nabi Muhammad nu barsiise jabeessu`uun, sanirraa suuraa lamaan tana qara'u',{qul huwallaahu} itti ida`anii ganamaa galgala sadii sadii qara`uu, ammas hoggaa mana isaati bayu{ بسم الله توكلت علي الله ولا حول ولا قوة الابالله } {bismillaahi tawakkaltu kgalallaahi walaa hgawla walaa quwata illaa billaah} je'uu,yoo akkas je`e sheyxaanni isattin dhiyaatuu.

مِنَ ٱلْجِنَّةِ وَٱلنَّاسِ ﴿٦﴾

Ammas namni ganama {bismillaahillazhii laa yadgurru makga ismihii shay`un fil`ardgi walaa fissamaa`i wahuwassaamiikgulkgaliim}

{بسم الله الذي لا يضر مع اسمه شئ في الأرض ولا في السماء وهو السميع العليم}

Hoggaa sadii je`e hanga galgalatti wanni isa miidhun jiru, yoo galgala je`e hanga ganamatti wanni isa miidhu hin jiru,balaa namaatifii, ta bineensatiifii, ta sheyxaanatiifii, ta nabsee isarralle`ee nagaya baya, ammas namni ganamaa galgala {أعوذ بكلمات الله التامات كلها من شر ما خلق} {akguuzhu bikalimaatillaahi attaammaati kullihaa min sharri maa khalaq} hoggaa sadii je`es balaa hundarraa nagaya baya.

Duuba Rabbiin balaa addunya`aa aakhira`aa jalaa nagaya nu haa baasuu nagazyaan jiraadhaa waan feetan argadhaa.

**Dr / Muhammad Rashaad Kabiir Abdullee**
**Kabiir Muummayyaa Umar**
**Carcar harar**

**Rahimahullaa wa liwaalidayhi wa li jamii`ilmuslimiin**

Kuwey 16/1/1984 m